Seerota Investimentii Fi Sirna Wal-dhabdeen Ittiin Hiikkamu.

Qopheessaan : Xaafaa Dachaasaa

Onkololleessa, 2014
ILQSO,
Adaamaa

Qabiyyee Leenjichaa

- Seensa Waliigalaa
- Maalummaa Invastimentii
- Gosoota Invastimentii
- Seenaa dhufaatii Invastimentii
- Seerota Invastimentii Biyya Keenyaa:
  - ✓ Sadarkaa Mootummaa Federaalaatti
  - ✓ Sadarkaa Mootummaa Naannootti
- Sirna wal-dhabdeen Invastimentii ittiin hiikamuu fi
- Aangoo Mana Murtii

Maalummaa Invastimentii

- **‘Invastimentii’ jechuun maali?**
- **Garaagarummaan jecha ‘Daldala’ jedhu waliin qabu hoo jiraa?**
- **Investing and trading are very different approaches of wealth creation or generating profits.**
- **5 key differences between investing and trading.**
  - ✓**Yeroo**
  - ✓**Guddina kaappitaalaa fi**
  - ✓**Sodaa**

- **Imagine, today, you and your friend bought equal amount of seeds to sow in your fields but you sold them to someone in a day because you could earn profit. And your friend sowed the seeds and let them grow for a few years till they gave new seeds.**
- **He sowed the new seeds and continued this for years and sold a lot more seeds eventually than were bought. By investing his seeds he would have made profit quite different than what you made by trading your seeds. This is simply the difference in investing and trading.**

- **Jechi ‘Invastimentii’ jedhu hiikkoo qaamonni hundi irratti waliigalan hin qabu.**
- **Qaamotni adda addaa kayyoo galma gahuu barbaadan irraa ka’uun hiikkoo garagaraa ni kennuufi.**

“Investment is commitment of funds made in the expectation of some positive rate of return”*(Fisher fi Jordan).*

- **Gama biraatiin, hiikkoo Labsii invastimantii federaalaa lakk.1180/2012’ jalatti kenname yoo ilaalle;-**
  - **‘Investment’ means expenditure of capital in cash or in kind or in both by an investor to establish a new enterprise, or to acquire, in whole or in part, or to expand or upgrade an existing enterprise…jechuun ibseera.**
- **Sadarkaa MNO’tti labsiin Investimentii lakk.138/2000 bahee hojii irra jiru ‘investamantii’dhaaf hiikkoo hin kennine.**

- **Haa ta’u malee, labsii kana raawwachiisuuf dambiin bahe hiikkoo armaan gadii kenneera.**

  ‘Investimentii’ jechuun baasii kaappitaalaa maallaqaan ykn gosaan ykn lamaaninuu pirojektii hojii haaraa tokko gaggeessuuf ykn kan jiru babal’isuuf ykn ol guddisuuf investaraan taasifamu akka ta’e ni kaa’a.

- **Bifuma wal-fakkaatuun, dambichi jecha ‘Kaappitaala’ jedhuuf hiikkoo kenneera.**
- **Bu’uura kanaan, ‘Kaappitaala’ jechuun:-**
  - **maallaqa biyya keessaa ykn maallaqa biyya alaa,**
  - **sanada daddarbaa,**
  - **meeshaalee oomishaa ykn meeshaalee tajaajilaaf oolu,**
  - **gamoo, baajata hojii adeemsiftuu, mirga qabeenyaa, mirga kalaqaa ykn qabeenya daldalaa biroo hammachuu danda’a.**

Gosoota Invastimentii

- **Madda kaappitaala irratti hundaa'uun invastimentiin bakka lamatti qoodama. Kunis,**
  1. **Invastimentii kallatiin biyya alaa (foreign direct investment) fi**
  2. **Invastimentii biyya keessaa (domestic investment)**

Invastimentii kallatiin biyya alaa (foreign direct investment)

- **Fayidaa Invastimentiin kallatii biyya alaa :-**
  - ✓ **guddina diinagdee ni ariifachiisa,**
  - ✓ **qabeenyi uumama biyyattii sirnaan akka hojii irra oolu ni taasisa,**
  - ✓ **oomishtummaa dabaluudhaan gabaa biyya keessaa ni babal'isa,**
  - ✓ **sharafa biyya alaa argamsiisuu fi carraa hojii uumuu,**
  - ✓ **beekumsaa tekinoloojii ammayyaa dabarsuu keessatti iddoo guddaa qaba.**

Invastimentii biyya keessaa (Domestic Investment)

- **Faayidaa invastimentii biyya keessaa;**
  - **Kaappitaala ykn bu’aa argamu invastarootni biyya alaa gara biyya isaanii fudhatanii deemuu danda’an hambisuuf ykn hir’isuuf ga’ee guddaa taphachuun kaappitaalli ykn bu’aan argame faayidaa biyyaatiif akka oolu ni taasisa.**

Seenaa dhufaatii Invastimentii Itiyoophiyaatti

- **Bara Mootummaa H/Sillaasee invastimentii dhuunfaa jajjabeessuuf tarkaanfiiwwan adda addaa kan fudhataman yammuu ta’u, isaan keessaas seerotni invastimentii, invastaroota dhuunfaa jajjabeessan akka qophaa’an ta’ee ture.**
- **Seerota kana keessaa labsii lakk 242/1958 akka fakkeenyaatti tuquun ni danda’ama.**

- **Kaayyoowwan invastimentii ilaalchisee labsii kana keessatti tumaman keessaa inni guddaan kaappitaala biyyoolessa uumuu fi invastaroota biyya alaa harkisuu dha.**
- **Bu’uura labsii kanaatiin abbootiin qabeenyaa hundumtuu gosa invastimentii kamiyyuu irratti bobba’uu ni danda’u.**
- **Gosti invastimentii abbootiin qabeenyaa akka irratti hin hirmaanne daangeffame hin jiru.**

- **Taaksii biyya keessaa fi alaa irra bilisa ta’uu dabalatee onnachiiftuuwwan gaarii ta’an adda addaa labsii kana keessatti kan tumaman yammuu ta’u, abbootiin qabeenyaa biyya alaa lafa invastimentii argachuudhaaf mirga qabu turan.**
- **Invastarootni dhunfaadhaan hojii invastimentii irratti bobba’an yoo jiraatanillee irra caalaan isaanii invastaroota biyya alaa turani.**

- **Invasstarotni dhuunfaa biyya keessaa gaheen isaan invastimentii keessatti qaban gadi-aanaa akka ta’u sababootni adda addaa kan jiran yammuu ta’u, aadaa hojii mataa ofii uumanii hojjachuu dhabuunii fi hanqinni kaappitaalaa isaan gurguddoo dha.**
- **Kun immoo karaa biraatiin invastimentiin biyyattitti gaggeeffamaa ture madda maallaqaa biyyoota alaa irratti kan hundaa’e akka ta’u taasisaa tureera.**

- **Bara Mootummaa Dargii Sochiin invastimentii jajjabeessu dudduubatti yeroo itti deebi’e ture.**
- **Keessumattuu, invastimentii abbootii qabeenyaa dhuunfaatiin jalqabamanii turan sababa jijjiirama siyaasaa fi diinagdee biyyatiitti gaggeeffameen akka bu’uuran rinciccee hafu yeroo itti taasisame dha.**
- **Mootummaan dargii ilaalcha siyaasaa sooshaalizimii biyyattiitti akka diriiru taasisuun ga’ee lammiiwwan biyyatti dhuunfadhaan guddina diinagdee biyyattii keessatti taasisan akka laafuu fi duubatti deebi’u taasiseera.**

- **Guddinni diinagdee fi siyaasa biyyatti qajeeltoowwan yaada bu’uuraa sooshaalizimii qofaan akka gaggeeffamu waan ta’eef, dhaabbileen dhuunfaa gara qabeenya mootummaatti akka jijjiiraman taasiseera.**
- **Fooyya’iinsi diinagdee gabaa bilisaa hanga tokko bara dhuma mootummaa dargii kan taasisame yammuu ta’u, gatii fi gabaan oomishaalee qonnaa haala bilisa ta’een akka gaggeeffamu ta’ee ture.**

- **Kufaatii mootummaa dargii booda gaheen mootummaan diinagdee keessatti qabu dhimmoota imaammataa fi tarsiimoo irratti kan xiyyeeffatee fi gaheen abbootii qabeenyaa dhunfaa guddina diinagdee biyyatti keessatti qaban akka babal’atu haallawwan mijaa’aan yeroo itti uumamani dha.**
- **Haaluma Kanaan, imaamata diinagdee biyyattii irratti akkuma ibsametti ga’een mootummaan diinagdee keessatti qabu kanneen armaan gadii ta’uu ni kaa’a.**

- ✓ **Guddina diinagdee biyyatti ariifachiisuu fi hawaasa biyyattiis itti fayyadamaa taasisuuf kallittiwwan guddinaa kaa’uu;**
- ✓ **Seektaroota Mootummaan yoo gaggeeffaman caalmaatti bu’aa buusanii fi kaappittala dhuunfaatiin kanneen hin gaggeeffamne qofa irratti hirmaachuu;**
- ✓ **Hojii gabaa tasgabeessuu raawwachuu;**

- ✓ **Kaappittalli dhuunfaan akka cimu haala mijeessuu;**
- ✓ **Uummatni biyyatti wal-ta’iinsaan sochii diinagdee keessatti akka hirmaatu taasisuu;**
- ✓ **Kaappitaalli biyya keessaas ta’e biyya alaa daangaa malee diinagdee biyyattii keessatti akka socho’u haala mijeessuu;**
- ✓ **Sirna hojii walxaxaa dhabamsiisuun kanaafis seeroota haaraa baasuu fi kan jiran fooyyessuu;**

- ✓ **Kaappitaala dhuunfaa keessatti kaappitaalli biyya keessaa haala dursa itti argatu uumuun sirna onnachachiiftuu adda addaa diriirsuu;**
- ✓ **Kaappitaalli biyya alaas haala gahumsa qabuun diinagdee keessatti akka socho’u taasisuu;**
- ✓ **Waldaaleen adda addaa dhiibbbaa mootummaa irraa bilisa ta’uun akka gurmaa’an haala mijeessuu fi k.k.f.**

Seerota Invastimentii Federaalaa

- **Seerotni dhimma invastamantii bulchaan sadarkaa federaalaattis ta’ee sadarkaa naannootti yeroodhaa yerootti fooyya’aa kan turan yoo ta’u, seerri yeroo ammaa sadarkaa federaalatti hojii irra jiru labsii lakk.1180/2012. kana malees, labsii kana raawwachiisuuf dambiin lakk.474/2012 hojiirra oolee jira.**

Kayyoo labsichaa

- **Invastimantii keessatti hirmaannaa seektara dhuunfaa dabaluun guddina diinagdee ariifachiisuu;**
- **Oomisha biyyaa keessa dabaluun sadarkaa jireenyaa uummataa foyyeessuu;**
- **Diinagdee biyyaa sadarkaa addunyaatti dorgamaa gochuun al-ergee dabaluu;**
- **Carraa hojii bal’aa ta’e uumuu; fi k.k.f.**

Hiikkoo jechoota keessatti

- **Invastimentii:- jechuun baasii kaappitaalaa maallaqaan ykn gosaan ykn lamaaninuu pirojektii hojii haaraa tokko gaggeessuuf ykn kan jiru babal’isuuf ykn ol guddisuuf investaraan taasifamu jechuudha.**
- **Kaappitaala:- jechuun maallaqa biyya keessaa ykn maallaqa biyya alaa, sanada daddarbaa, meeshaalee oomishaa ykn meeshaalee tajaajilaaf oolu, gamoo, baajata hojii adeemsiftuu, mirga qabeenyaa, mirga kalaqaa ykn qabeenya daldalaa biroo kan hammatu jechuudha.**

- **“Investara” jechuun investara biyya keessaa ykn biyya alaa kan hojii Investimentii irratti bobba’e jechuudha.**
- **Investara biyya keessaa:-**
  - **Lammii Itiyoophiyaa**
  - **Dhaabbata Itiyoophiyaa keessatti hundeeffamee fi guutumaa guututti kan abbaa qabeenyummaan isaa kan lammii Itiyoophiyaa ta’e,**
  - **Mootummaa**

- **Dhabbilee misooma mootummaa**
- **Waldaalee hojii gamtaa bu’uura seera rogummaa qabuutiin hundeeffamaan**
- **Lammii ykn Dhaabbata biyya ormaa ta’ee, bu’uura seera rogummaa qabu ykn waliigaltee Idil-Adunyaa biyyi keenya raggaasifteetiin akka investara biyya keessatti kan lakkaa’amu.**

- **Investara biyya Alaa:-**
  - **Lammii biyya alaa**
  - **Dhaabbata lammiin biyya alaa qooda keessaa qabu**
  - **Dhaabbata biyya biraatti hundeeffame**
  - **Lammii Itiyoophiyaa ta’ee dhaabbidhaan biyya alaa kan jiraatu fi fedhii isaatiin akka investara biyya alaatti lakkaa’amuu kan barbaadu**

Daangaa raawwatiinsaa

- **Labsichi hojiilee invastimantii biyya keessatti adeemsifamu kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.**
- **Haa ta’u malee, invastimantii hojii barbaacha, qorannoo fi oomisha albuudotaa fi boba’aa ilaachisee labsichi raawwatiinsa hin qabu.**

Qaamolee Bulchiinsa Invastimantii

- **Qaamoleen Bulchiinsi Investimentii Federaalaa kanneen armaan gadiiti:-**
  - **Boordii Investimentii;**
  - **Komishinii Investimentii;**
  - **Gumii bulchiinsa Investimentii mootummaa Federaalaa fi Naannolee fi**
  - **Qaamolee bulchiinsa Investimentii sadarkaa Naannoleetti hundeeffamaan;**

Aangoo Bulchiinsa Komishinii Investimentii Federaalaa

- **Komishinii Investimentii Federaalaa invastimantoota armaan gadii irraatti aangoo ni qabaata(kwt.4). Isaanis Investimantii;-**
  - ✓ **Abbaan qabeenyummaa isaa guutumaa guututti kan lammii biyya alaa ta’e;**
  - ✓ **Abbaan qabeenyummaa isaa kan lammii biyya keessaa fi biyya alaa ta’e;**
  - ✓ **Kan abbaan qabeenyummaa isaa lammii biyya alaa ta’ee garuu immoo seera rogummaa qabu akka investimantii biyya keessatti lakkaa’amu;**
  - ✓ **Investimantii biyya keessaa kan onnachiiftuu qabu ta’ee, eyyama daldalaa qaama federaalaa irraa argachuu qabu;**

- **Gama biraatiin, hojiiwwaan invastimantii:-**
  - ✓ **daandii qilleensaa,**
  - ✓ **humna ibsaa fi**
  - ✓ **tajaajila kominikeeshiniin wal-qabataan irratti aangoo bulchuu kan qaban;**
    - ✓ **abbaa taayitaa Aveeshinii Itiyoophiyaa,**
    - ✓ **abbaa tayitaa Inarjii fi**
    - ✓ **abbaa tayitaa kominikeeshinii Itiyoophiyaati.**
- **Qamoleen bulchiinsa invastimantii naannolee dhimmoota armaan olitti ibsamaniin ala kan jiran irratti aangoo kan qaban ta’uu tumameera (kwt.4/4).**

Gosoota Dhaabbilee Daldalaa Investimantii Keessatti Hirmaachuu Danda’aan.

- **Qaamoleen armaan gadii invastimantii keessatti hirmaachuu kan danda’aan ta’uu labsichi kwt.8 jalatti tumameera.**
  - **Daldalaa nama dhuunfaa**
  - **Dhabbilee daldalaa biyya keessatti ykn biyya alaatti hundeefamaan**
  - **Dhaabbilee misooma mootummaa**
  - **Waldaalee hojii gamtaa**

Hayyama Investimentii Yeroof Dhoorkuu Ykn Haquu

- **Sababoota hayyama Investimentii yeroof dhoorkisiisuu danda'an:-**
  - ✓ **Odeeffannoo sirrii ta'e yeroon gabaasuu dhabu ykn ta'e jedhee itti yaaduun ykn dagannoodhaan odeeffannoo dogoggoraa kennuu;**
  - ✓ **Hayyamni investimentii waliin dhahuun ykn odeeffannoo sobaa dhiyeessuun akka kennamuuf ykn akka haaromsiifamuuf gochuu;**
  - ✓ **Hayyama investimentii kayyoo kennameef ala fayyadamuu;**
  - ✓ **Projektii Investimentii yeroo seeraan taa'e keessatti xumuruu dhabuu; fi kkf.**

- **Gama biraatiin, hayyamni investimantii kan haqamu;-**
  - ✓ **Hanqinoota mudataan yeroo dhoorkaan kennameef keessatti kan hin sirreeffanne yoo ta’e;**
  - ✓ **Investarichi yeroo seeraan ta’ee keessatti hojii kan hin eegalle yoo ta’e;**
  - ✓ **Hojii invastimantii fedhii isaatiin kan dhiise yoo ta’e;**
  - ✓ **Onnachiiftuwwan investimantii kennamaniif haala hin malleen kan itti fayyadame ykn garee sadaffaadhaaf kan dabarse yoo ta’e,**

Qaamolee Bulchiinsa Investimentii

- **Bulchiinsi Investimentii Naannoo Oromiyaa gurmaa’ina armaan gadii ni qabaata:**
  1. **Boordii Investimentii;**
  2. **Komishinii;**
  3. **Koree Investimentii Godinaa;**
  4. **Koree Investimentii Magaalaa**
  5. **Koree Investimentii Aanaa;**

- **Hojiin pirojeektii investimentii naannicha keessatti gaggeeffamu;**
  - ✓ **bifa nama dhuunfaan**
  - ✓ **Waldaa daldalaa;**
  - ✓ **Waldaa Hojii Gamtaa;**
  - ✓ **Dhaabbata Misoomaa Mootummaa;**
  - ✓ **Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa gara investimentiitti ce’een**

Sirna Komiin Tajaajila Investimantii Ittiin Keessummeeffamu

- **Abbaan qabeenyaa kamiyyuu hojii investimantii isaa waliin wal-qabatee komii yoo qabaate qaama aangoo qabuuf iyyata isaa dhiyeeffachuuf mirga ni qaba.**
- **Namni kamiyyuu murtii dhumaa bulchiinsaa komishiinii investimantiitiin kenname irratti komii qabu iyyannoo isaa Boordii Investimantiitiif dhiyeessuuf mirga ni qaba.**

- **Hojii invastimantiitiin wal-qabatee, abbaan qabeenyaa murtii dhumaa qaama raawwachiistuu mootummaa federaalaa kamiiniyyuu kenname irratti komii yoo qabaate, iyyannoo isaa Komishiinii Invastimantii Federaalatiif dhiyeessuu ni danda'a.**
- **Bu'uura komii dhiyaateetiin komishiinii invastimantii Federaalaa qaama mootummaa komiin irratti dhiyaate waliin marii barbaachisaa gochuun furmaata kennuufii kan qabu ta'uu ni kaa'a. (kwt. 27/4/)/.**

- **Yaada furmaataa komishiinichi dhiyeessetti kan hin quufne yoo ta’e ykn qaamni raawwachiistuun komiin irratti dhiyaate yaada furmaataa komishiinichaan dhiyaateef kan hin fudhanne yoo ta’e komii isaa Boordii Investimantii Federaalatitti dhiyeeffachuu ni danda’a.**
- **Qaamni mootummaa Federalaa kamiyyuu murti Boordichaan kenname fudhatee akkaataa murtiitiin raawwachuuf dirqama qaba.(kwt.27/9/)**

Sirna Wal-dhabdeen Investimantii ittiin Hiikkaamuu fi Aangoo Mana Murtii

- **Qaama aangoo abbaa seerummaa qabu biratti dhiyaachuun mirga haqa argachuu kan qabu ta’uu akkuma eegametti ta’ee, hojii investimantiitiin wal-qabatee wal-dhabdeen investaraa fi mootummaa gidduu ka’u kamiyyuu marii fi wal-ta’insaan kan hiikkatu ta’a.(kewt.28/1)**
- **Mootummaan federaalaa wal-dhabdee investimantii biyyaa alaa waliin wal-qabatu ilaalchisee jaarsummaadhaan(arbitration) akka ilaalaamu waliigaltee raawwachuu ni danda’a.**
- **Investarri biyya alaa dhimma isaa gara MM aangoo qabu ykn gara jaarsummaa(arbitration) yoo fudhate, filannoon isaa kan jalqabaa kan dhumaa ta’a.**

Oromiyaa Keessatti Sirna Wal-dhabdeen Invastimentii Ittiin Hiikkamu

- **Invastaroota biyya keessaas ta’e biyya alaa Itoophiyaatti hojii invastimentii irratti bobba’an keessaa ga’een naannichaa ol’aanaa dha.**
- **Carraa invastimentii naannichatti argamuu fi hirmaannaa bal’aa invastarootni naannichatti taasisanuun wal-qabatee wal-dhabiiinsi invastimentii abbootii qabeenyaa fi koomishinii invastimentii naannichaa, akkasumas koreewwan invastimentii sadarkaan jiran jidduutti ni uumama.**

- **Koomishinii Invastimentii naannichaa fi abbootii qabeenyaa jidduutti waldhabiinsi adda addaa yeroo hedduu ni uumamu**
- **Wal-dhabiinsa kanaaf akka ka’umsaatti sababootni taa’an:-**
  - ✓ **yeroo walii-galame keessatti hojii jalqabuu dhiisuu,**
  - ✓ **kaayyoo pirojektii investimentii hayyamameen ala hojjachuunii fi**
  - ✓ **lafa invastimentiidhaaf kenname seeraan ala qaama biraatti dabarsuun isaan gurguddoo dha.**

- **Invastarootaa fi hawaasa naannoo jidduuttis darbee darbee wal-dhabiinsi kan uumamu danda’a.**
- **Wal dhabiinsa kanaaf akka sababaatti kanneen tuqaman keessaa lafa invastimentiidhaaf akka oolu qaama dhimmi ilaaluun murtaa’e namootni laficha irra jiraatan sababoota adda addaa tuquun gadi lakkisuu diduu fi gochaalee yakkaa adda addaa invastarootaa fi qabeenya isaanii irratti rawwachuu dha.**

- **Abbootiin qabeenyaa waliin ta’uun hojii invastimentii irratti bobba’an jidduuttis waldhabiinsi darbee darbee ni uumama.**
- **Waldhabiinsa kanaafis akka sababaatti kan tuqamu abbootiin qabeenyaa biyya keessaa hojii invastimentiif lafa erga fudhatanii booda abbootii qabeenyaa biyya alaa waliin hojjachuuf walii-galuun, porojektichi osoo hojii hin jalqabin qooda isaanii fudhachuun bahuuf gaaffiin dhiyeessan abbootii qabeenyaa isaan kaaniin fudhatama**

- **Waldhabiinsa invastimeenti ilaalchisee ka’u hiikuuf tooftaaleen adda addaa kan jiran yammuu ta’u abbootii qabeenyaa fi koomishinicha jidduutti wal dhabiinsa uumame yoo ta’e waliigaltee taasisame bu’uura godhachuun marii taasisuun waldhabiinsa uumame hiikuun fiannoo jalqabaati.**
- **Marii gaggeeffamuun kan walii hin galle yoo ta’ee qaamoolee bulchiinsa invastimentii naannichaa sadarkaa sadarkaa jiraniin furmaatni kan kennamu ta’a.**

- **Wal-dhabdee dhimma investimantiin wal-qabatee dhiyaatu irratti murtii dhumaa kennuuf aangoo kan qabu Boordiin invastimentii naannichaa ta’uu labsii lakk.138/2000 kewt.6(5) jalatti tumameera.**
- **Gama biraatiin, bu’uura Dambii Bulchiinsa Investimentii Lakk. 208/2012 kewt. 59(1) tiin namni diigamiinsa ykn addaan citiinsa waliigaltee investimentiin ykn haqamuu hayyama investimentiin walqabatee murtii Boordiin kenne irratti dogongoorri bu’uura seeraa raawwatame jedhu**

Dhimma

- **Jal-murtii dhimma galmee lakk.15544 ta’e irratti MMO Godina Gujiitiin kenname tokko irratti himataan himatamtoota Waajjira Bulchiinsa, Waajjira Bulchiinsa Fi Itti Fayyadama Lafaa fi Waajjira Investimentii Aanaa fi namoota dhuunfaa biro saddeeta ta’an irratti bakka tokkotti himannaa dhiyeesseen himatamtoonni 1ffaa hanga 3ffaa jiran afferraa investimantii naaf taasisaniin lafa heektaara 54 ta’e kaazinaa mootummaa keessa jiru naaf hayyamamuun lakk.kaartaa 027230 ta’e naaf kennameera.**
- **Himatamtoonni 1ffaa hanga 3ffaa jiran hayyamni investimentii murtaa’ee hanga deebi’uu waggaa afur waan turuu danda’uuf karaa km 14 hojjachiisii, Ciraa lafaa cirii buna dhaabii, akkasumas manaa fi waajjira adda addaa jalqabi jechuun waan naaf hayyamanii anis bu’uuruma kanaan qarshii 2,811,00.00 ergan itti baasee booda, himatamtoonni kun waggaa**

- **Himatamtoonni mormii sadarkaa duraa dhiyeessaniin komiin fi falmiin investimentii ilaalchisee ka’u Boordii Investimentiin ilaallamee murtiin kennamu kan dhumaa akka ta’u tumamee waan jiruuf, himataan caasaa mootummaan diriirseen komii isaa dhiheeffachuu osoo qabuu qaama dhimmicha irratti aangoo hin qabnee Mana Murtii Idileetiif dhiheessuun isaa sirri miti jedhaniiru.**
- **Manni Murtichaa xiinxala isaa keessatti himataan lafa bunaa investimentiif ooluu akka kennamuuf Deeskii Investimentii Aanaaf dhiyeessee, Deeskiin kuniis gaaffii investimentii isaa koree Investimentii Aannichaaf dhiyeessee lafti heektaara 52 kan qophaa’eef waan ta’eef qaamni dhimmi ilaalu murtii akka itti kennuuf akka ergamuuf waliigalanii, himatamaan 1ffaa gaaffii investimentii himataan dhiyeessee Waajjira Investimentii Godiniif erganii adeemsa irra kan jiru fi gaaffiin investimentii himataa boordii investimentiif dhiyaatee kan hin murtaa’iin akkasumaas himataan waliigaltee investimentiis kan hin mallatteessinee waan ta’eef seerummaan himataan gaafatee diigamiinsa waliigaltee investimentiin waliin kan wal-qabatuu miti jechuun mormii sadarkaa duraa ka’e kufaa godheera.**

Dhimma

- **Dhimmi kun DH.IJ. MMWF galmee lakk.92991 ta’erratti ilaalamee murtii kan argate yoo ta’u, ka’uumsi dhimmichaa himata iyyataan MMO Godina Arsiitti dhiyeeesseen qabiyyee lafa investimantii liiziidhaan argatee biqiltuu adda addaa irratti misoomsaa ture akka gadi dhiisu koreen investimantii Godina Arsii waan taasiseef tarkaanfii bulchiinsi goodinachaa fudhate seeran ala jechuun himata kallatti mana murti olaanaatiif dhiyeesseera.**
- **Himannaan haala kanaan dhiyaate irratti MMO Gidana Arsii dhimmichi dhimma investimantii waan ta’eef angoo koree investimantii sadarkaa jiruuti malee manni murtii aangoo ofitti fudhee ilaaluu hin qabu jechuun himannaa dhiyaate kufaa godheera.**

- **Himataan murtii kana komachuun MMWO tiif kan dhiyeesse yoo ta’u, manni mirtichaa murtii mana murtii jalaa cimseera.Haala walfakaatuun iyyata isaa MMWO Dhaddacha Ijibbaataf kan dhiyeesse yoo ta’u murtiin manneen murti jalaa akka cimu ta’eera.**

- **Dhuma irratti iyyatichi MMWF Dhaddacha Ijibbaatatiif kan dhiyeesse yoo ta’u, manni murtichaa labsii investimantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa yeroo sana hojii irra ture labsii lakk.115/1998 bu’uurefachuun labsichi kewt.9(4) jalatti dhimma investimantii ilaalchisee komii dhiyaatu irratti beenyaan natti xiqqaate ykn naaf hin kennamne, ykn dogoggorri**

Wal-dhabiinsa Invastimentii Wal-qabatee Ka’uu Fi Ga’ee Qaamolee Haqaa

- **Gahee Manneen Murtii**
  - **Akkuma beekamu Manneen murtii qaamolee mootummaa keessaa qaama seera hiikuuf aangoo qabani dha.**
  - **HMRDFI kewt. 79(1) fi HMNO fooyya’ee bahe Lakk 46(1994) keewwata 63(1) jalatti qaamni aangoo abbaa seerummaa qabu manneen murtii qofa ta’uu isaa ibsamee jira.**

- **Manneen Murtiis aangoo abbaa seerummaa heera mootummaatiin keennameef irratti hundaa’uun waldhabiinsa gara isaaniitti dhiyaatu seeraa fi seera qofa irratti hundaa’uun loogii tokko malee murtii haqa qabeessa akka kennan kan hundeeffamanii dha.**
- **Aangoo fi dirqama Manneen murtii qaban kana irraa ka’uun invastimentii jajjabeessuu keessatti gaheen isaan qaban olaanadha.**

- **Wal-dhabdeewwan invastimentiin waliin wal-qabatee uumaman tooftaalee adda addatiin furmaata kan argatan yammu ta’u, kanneen keessaas dhimmichi karaa Manneen Murtiitiin furmaata akka argatan taasisuun isa tokko dha.**
- **Labsii lakk 138/2000 keewwata 6(5) jalatti akkaataa tumameen dogoggora seeraa bu’uuraa yoo ta’e malee dhimma invastimentii ilaalchisee Murtii dhumaa kennuuf aangoo kan qabu Boordii Invastimentii naannichaa ti.**

- **Haa ta’u malee, qabatamaadhaan akka jirutti darbee darbee Manneen Murtii tokko tokko wal dhabiinsa invastimentii ilaalchisee isaanitti dhiyaatu kan keessumeessan yammuu ta’u, Manneen Murtii tokko tokko immoo dhimmichi aangoo Manneen Murtii miti jechuun haalli isaan itti deebisan ni mul’ata.**
- **Dhimmoota invastimentii Manneen Murtiin ilaalaman akka fakkeenyaatti kanneen armaan gadii tuquun ni danda’ama.**

- **Lakk. Galmee 53628’n falmii siviilii Innat Agroo Industrii fi Koomishinii Invastimentii Oromiyaa jidduutti ka’een himataan (Innat AgrooIndustrii) himatamaan (Koomishinii Invastimentii Oromiyaa) lafa invastimentiidhaaf kenname heektaara 200 keessaa hektaara 100 seeraan ala narraa fudhate jechuun himata MMO godina Shawaa Bahaatti dhiyeesse MMWO’tiis ol’iyyannoodhaan ofitti fuudhee ilaalee murti kenneera.**

- **Haaluma wal-fakkatuun, lakk Galmee 14574’n Barah Hullagaabbi Gibirinnaa Limaat fi Koomishinii Invastimentii Oromiyaa jidduutti falmii Siviilii ka’een himataan (Barah Hallagabbi Gibiriinnaa Limaat) himatamaan (K/I/O) lafa invastimentiif naaf kenname seeraan ala akkan gadilakkisu naa taasise jechuun Mana Murtii aanaa Barahitti himata dhiyeessee M/M/Ol’aanaa GodinaSh/Kaabaa ol’iyyannoon ilaalee murtii kenneera.**

- **Gama biraatiin lakk Galmee 13989’n falmii siviilii Dhaabbata Z.H.PLC fi K/I/O jidduutti ka’een, himataan (Dhaabbatni Z.H.PLC), himatamaan (K.I.O) lafa invastimentiif naaf kenne seeraan ala narraa fudhate jechuun Mana Murtii aanaa Aqaaqiitti himata dhiyeessee kan isaaf murtaa’e yammuu ta’u himatamaan (Koomishiniin Invastimentii Oromiyaa) dhimmicha ol’iyyannoodhaan M/M/ol’aanaatti dhiyeessee Manni Murtichaa doggogora seeraa bu’uura (error of law) kan qabu yoo ta’e malee dhimmi invastimentii aangoo Mana Murtii miti jechuun murtii Manni Murtii jalaa kenne diigee**

- **Haaluma kanaan murtiiwwan armaan olitti invastimentiin ilaalchisee kennaman irraa hubachuun akka danda’amutti Manneen Murtii biratti ijjennoo wal-fakkaataan kan hin jirre ta’uu isaa ti.**
- **Kanaafuu, Manneen Murtii seerota invastimentii akka biyyaattis ta’e akka naannoo Oromiyaatti hojii irra jiran hubachuun akkaataa seerota jiraniitiin tajajila haqaa kennuun invastimentii babalisuu keessatti ga’ee isaanii irraa eegamu bahuu qabu.**

Gaaffiiwwan Marii

Akkaataa Labsii Lakk 138/2000 keewwata 6(5) jalatti tumameen dhiimma invastimentii ilaalchisee koomoshinii Invastimentii Naannoo Oromiyaa fi qaamolee sochii invastimentii keessatti ga’ee qabaniin murtii kennamu irratti ol’iyyannoon kan dhiyatu yoo ta’e murtiin Boordii invastimentii naannichaa kennu murti dhumaa ta’a. Kana jechuun dhimmi invastimentii gonkumaa Mana Murtiitti hindhiyaatu jechuu dha?

Horaa Bulaa!!!